Unless otherwise provided, U shall wear Ur face mask!



Dhagaha Dhimmaa fi Faloota yeroo

QOPHEESSAAN:- TAFARII H/M.

BIT. /2013

SDFHH LHIYG, Mata duree Dhagaha Dhimmaa fi Faloota Yeroo irratti ,guyyaa gaafa 29/07/11 WD/WB Sa’atii				
Lakk.	Mata duree leenjii	fi qabxiiwwaan ijoo	Sa’atii	
1	Dhagaha Dhimmaa	Qajeeltowwaan Dhagaha dhimmaa, faayidaa dhagaha duraa fi dhagaha guutuu	4:30-6:30	
2	Faloota yeroo	Qabama m/duraa,kab achiisa qabeenyaa, dhorkaa	Sa’atii 8:00-11:00	

Xumura leenjii kanaa booda Leenjifamtoonni;-


- Qajeeltowwan Dh/dhimmaa, Kaayyoo fi gochaawwan dhagahaa duraa fi dhagahaa guutuu keessatti raawwatamuu qaban fi eenyurraa maaltu akka eegamu adda baasuun ni tarreessu.
- Akaakuu, garaagarummaa fi tokkummaa faloota yeroo adda baasuun ni ibsu.
- Dhagaha dhimmaa fi faloota yeroo keessatti hoji-maata rakkoo adda baasuun kallattii furmaataa ni kaa’u.

Dhagaha dhimmaa

Maalummaa Dhagaha Dhimmaa

- **Tumaalee SDFHH,kita.IV,boq.2ffaa,par.1&2. himannaa dhagahuu /trial of the suit/ክስ ስለመስማት/ jedhu qofa ilaallata moo kanneen biroos ni hammata kan jedhu irratti hubannoon wal-fakkaataa hin jiru. Kanaaf hiikoo isaanii faana ilaaluun barbaachisaadha.**
- ***Trial is a formal judicial examination of evidence and determination of legal claims in adversary proceeding.*** **Jedhuun, sirna adeemsa falmii idilee dhimmoota falmisiisoo irratti ragaa qorachuu fi murtii kennuu dha.**
- ***'Hearing; Is a judicial Session, usually open to the public, held for the purpose of determining issues of law or issues of fact, sometimes with testifying witnesses'*** **Jedha**

Qajeeltoowwan Dhagaha Dhimmaa(SDFHH)



Q/ iftoomina

HMF
kwt.12(1)+19(1)+Ssdfhh,kwt.180
ff,labsii lakk.216/11 kwt.38

Q/ loog-maleessummaa

Dha/irraa ka'uu labsii lakk.25/1996 kwt.27,labsii lakk.216/11 kwt.37 jijjiirraa dhaaddachaa SDFHH kwt.31,Labsii lakk.216/11 kwt. 25(2,d jijjiirraa dha/Aangoo MMWO),jijjiirraa dha/Aangoo MMO (kwt.30(5),Akkasumas kwt.23(MMO Duudhaa bilisummaa fi loog-maleessummaa kabajuuf dirqama qabu)

Qajeeltoo bilisummaa fi itti gaafatamummaa

HMP kwt.764-79, HMP kwt.12, SDFHH sirna murtii sababawaa kennuu,sdfhh kwt.182(1),mirga murtii sababawaa kennuu fi mirga ol iyyannoo sdfhh kwt.182(1) fi 320, Labsii lakk.216/11 kwt.6 fi 7 bilisummaa MM fi Bilisummaa dhuunfaa A/Seeraa, kwt.40 mirgoota addaa A/Seeraa, Bilisummaa kwt.23,kwt.48(qaamni kamiyyuu bilisummaa mm keessa seenuun adabbii hidhaa cimaa waggaa 1-

Q/ Haqummaa fi wal-qixxummaa

qaneeyyii fi dubartootaaf diriire kabajuu fi kabachiisuu),mirga murtii keessa deebiin ilaaluu sdfhh,kwt.6,78,211,358.mirga komii kallattii (sdfhhkwt.158,418,78,71,72,74,) fi fi ol iyyannoo sdfhh kwt.320ff.Mirga wal-qixxummaa qophii falmii(preparatory equipage) mirga ogeessa seeraatiin mari'achuu fi turjimaanessaatiin fayyadamuu fi yeroo gahaa qophii fi falmii barreeffamaatiif argachuu+DHIMMWF Deebiifvguyyaa 10, Gal.154727.mirga carraa wal-qixa argachuu fkf mirga deebii fooyyeffachuu sdfhh kwt.238(3) fi 339(4) jalatti daanga'e ykn hin ibsamne fi mirga iyyannoo ykn komii fooyyeffachuu sdfhh kwt. 91,kwt.329,330jalatti wal-falmitootaaf diriire wal-simsiisuun hiikuu, fkf. Vol.24.160314,waql-qixxummaa mirga falmachuu raga

Kanaaf;-

- Dhagaha Dhimmaa yeroo itti mirgi haqa argachuu lammiiwwanii ykn ‘access to justice’ hojiirra ooluu dha.
- Kunis qaama bilisa fi loog-maleessa ta’een dhagahamuu fi ol’aantummaan seeraa akka hojiirra ooluuf sirna diriiree dha.

✓ HMF kwt.37+79(1) mirga dhimma murtii mana murtiitiin xumura argatu mana murtiitti dhiyeeffachuu, qaama bilisa ta’e ykn mana murtiitiin dhagahamuu

✓ ICCPR Art.14 everyone shall be entitled to a fair and public hearing by a competent, independent and impartial tribunal established by law.

- SDFHH kwt.4 seeraan qaama biraatiif yoo kennameen alatti dhimmoota hariiroo hawaasaa ofitti fudhatanii ilaaluun aangoo MMti jedha.
- Mirgi dhagahamuu Lammilee kunis mirga dhimma ofii ofiin falmuu, mirga bakka bu’iinsaan falmachuu (sdfhh kwt.38,57-64) mirga murtii keessa deebiin ilaaluu sdfhh kwt.6,211,358 kkf. Fi mormii dhiyeeffachuu sdfhh kwt. 78,158, 418 iyyummaa 467 ni dabalata.

- Guyyaa dhagaha duraa irraa eegalee hanga xumura dhagaha guutuutti gaaffiwwaan mirga dhagahamuu lammiileetiin wal-qabatan dhiyaatan simatanii qixa seerri qajeelchuun qofa xiinxaluu, falmataan dhimma isaa akka beekuu fi falmatu carraa kennuu, yeroo beellamaa madaalawaa kennuu sdfhh kwt.192-199, kwt.241,kwt.258 kwt.325 (eeyyamsiisa darbiinsa yeroo) kwt.337-339
- Adeemsi kunis qajeeltoo bu’uuraa HM namni kamiyyuu seera duratti mirga wal-qixa qabaachuu ajaju kwt.25 giddu-galeessa qodhachuun raawwatama

- Qajeeltoon wal-qixxummaa kunis kanneen akka;-
- Wal-qixxummaa qophii falmii-baasii qophii falmii fi mirga ogeessaan deeggaramuu fkf.abukaatoo bitachuu, tajaajila seeraa tolaa argachuu ‘probono service by advocator), labsii aangoo bakka bu’iinsa dhimma Hariiroo Hawaasaarratti manni hojii A/Alangaa qabu. Labsii lakk.214/011 fi labsii mana hojii A/Alangaa Federaalaa lakk.943/2008 አንቀጽ 6(4)
- Wal-qixxummaa seeraa ‘equality of rule’ dhimmoota wal-fakkaataniif tumaalee

Barbaachisummaa Dhagaha duraa (SDFHH kwt.241-256)

- Wanta ifa hin taane qulqulleeffachuuf. kwt.241
- Ijoodubbii qabachuuf;;kwt.247,248,249
- Qabxii falmitoonni wal-amanan irratti murtii kennuudhaaf.c.pr.242+vl.22 fl.138717
- gara dhagaha guutuutti otoo hindarbin murteessuuf.kwt.255,fkf.Shh kwt.897? 2443? Liqii.kwt.2472? +1725+2003?,kwt.2005,2006?

Guyyaa Dhagaha duraa gahee MM

1. **eenyummaa falmitootaa adda baafata.** Haala addaatiin ofumaa dhiyaatanii akka falmatan MM yoo ajajuu baate(kwt.65,68)bakka bu'iinsaan ni danda'ama. Kallattii adda addaatiin aangoo b/bu'iinsaa goonfatamu bifa adda addaatiin yeroo simatamu ni jira.Kanaaf,armaan gaditti eenyutu eenyuun ba/bu'uu akka danda'u adda baasuun barbaachisaa dha.

- b/bu’iinsa firooma bu’uureffate kwt.58(a), b/bu’iinsa waajjiraalee mootummaa kwt.59, b/bu’aa hojjataa mootummaa kwt.60,miseensa waraanaa(kwt.61), sirreeffamaa seeraa kwt.62, abukaatoo b/buufachuu kwt.63, aangoo falmitoonni wal-bakka buufachuu kwt.66, b/bu’iinsa miseensota waldaa I/G/hinmurtoofnee kwt.67, b/bu’iinsa waldaa Aksiyoonaa kwt.68, b/bu’iinsa namoota dandeettii hin qabnee, b/bu’iinsa bu’uura seera

Aangoo b/bu’iinsaa SDFHH kwt.58(a) fi SHH kwt.2205 irratti yaada garee ulaagaa seera deemsaa kwt.58 guutuu qaba jedhuu fi yaaada garee 2ffaa immoo seerri bu’uuraa fi seerri deemsaa yoo walitti bu’e seerri bu’uuraa dursa argachuu qaba waan ta’eef, ulaagaa 2205 yoo guute mirgi seera bu’uuraa kabajamuu qaba jedhantu jiru.

Dhimma Marii 28ffaa DhIMMWF Galmee lakk.91493

Dhimmichi MMA Wando Gennetiitti jalqabe, bakka bu’aan aangoo bakka bu’iinsaa seera qabeessa hin qabu waan ta’eef, akkasumas, bakka buusaan lubbuun jiraachuu nan shakka jechuun mormii waamamaan dhiyeesse manni murtii jalaa kufaa godhanii jiru.DhIMMWF garuu bakka bu’iinsi bu’uura SHH kwt.2205 kenname ulaagaa firoomaa sdfhh KWT.58(A)hin guutu, bakka

Gaaffilee marii

1. Dhimma armaan olii waliin wal-bira qabuun ijjannoo garee 1ffaa moo yaada garee 2ffaatu dhama qabeessa jettu?
2. Namni falmattoota muummee bakka bu’ee dhiyaate nama firooma homaayyuu waliin hinqabne yoo ta’ee fi gareen faallaa mormuu yoo baate abbaan murtii kaka’uumsa mataa isaatiin tarkaanfii fudhachuu danda’a moo callisee itti fufuu qaba?
3. Dhimma 29ffaa ilaalchisee;-Abbaan Alangaa waajjirichaa, Hogganaa waajjirichaa bakka bu'uun falmii barreeffamaa qopheessuun chaaphaa waajjiraatiin deeggaree falmiidhaaf yoo dhiyaate fudhatama qaba moo hin qabu jettu? Maaliif? SDFHH kwt.61

4. Bakka bu’iinsa seera qabeessa ta’een deeggaramuun gaaffiin diiggaa gaa’ilaa dhiyaatu fudhatama ni qabaata” jechuun murtii DH.IJ. MMWF jildii 23ffaa Lakk.galmee 150408 irratti hiikoo dirqisiisaa kennee jira. Haata'u malee, hiikoon kuni Seera Caffeen tume, S/M/O kwt.105(falmitoota dhuunfaa fi addaatti haasofsiisanii walitti araarsuu, amansiisanii jaarsummaatti qajeelchuu jedhu kkf) hojiin ala hin godhu jettuu? Falli maal ta'uu qaba jettu?
5. Aangoo bakka bu’iinsaa waggaa dheeraa dura kenname, fakkeenyaaf, waggaa 5 ykn 10 dura kenname qabachuun falmiidhaaf dhiyaatee mormiin darbiinsa yeroo, shakkii lubbuun jiraachuu bakka buusaa fi kkf yeroo dhiyaatu ni mul’ata. Mormiin haala kanaan dhiyaatu fudhatama qaba jettuu? shh, kwt.63 waliin ilaalaa!

2. A/Murtii, Iyyannoo dubbisuufi falmitoota qorachuutu irraa eegama

- Waraabbii Afaan lamaan garaagarummaa qabu waan ta’eef,hojimaata adda addaatiif saaxilee jira. ….
- Himannaaf deebiitu bitaa fi mirgaaf dubbifamuu qaba jettu moo deebii qofatu dubbifamuu qaba jettu?

Haala kamiin qoratama ykn gaaffii akkamiitu gaafatama

- ogeessoonni seeraa tokko tokko wanta himatamaan deebii isaa keessatti kallattiin ykn karaa naannootiin **haale qofa** amanuuf dhiisuu isaa irra deebiin yammuu mirkaneeffatan, kaan immoo wanta himatamaana kallattiin ykn karaa naannootiin **haaluu ykn amanuun isaa hinbeekamne** irratti yaada bitaa fi mirgaa gaafatu(Hiikoo Afaan Ingiliffaa).

Gaaffilee Marii

1. A/dhimmaa wanta barreeffamaan amane guyyaa dhagaha duraa yoo haale akka amanetti fudhatama moo akka haaletti jettu? Akka SDFHH kwt 241tiin gaaffiin dhimma ifatti hin waakkatamne irratti kan dhiyaatu waan ta’eef seerichi sirriitti hojiirra yoo oole carraan akkasii ni uumamaa laata? SDFHHL kwt. 82 fi 234(1) (d) irraa wanti haarofni falmitoota rifachiisuu danda’u dhagaha falmii irratti dhiyaachuu hin qabu tumaa jedhu waliin akkamiitti ilaaltu?

2. Ifatti ykn al-kallattiin wanta hin amanamne ykn hin haalamne ‘not denied by necessary implication’ jechuun irraa baqachuun haaluu, duuchaatti haaluu fi deebii laachuu hafuu ykn’*evasive denial Art.235, General denial art.83 and absence of statement of defence art. 246(2)*’ ni dabalata yeroo jedhan ni mul’ata. Ogeessonni yaada garee 2ffaa deeggaran immoo, *…facts by necessary implication not admitted or deniad*’ gaaleen jedhu, ’vague, self contradictory sentences or provisions’ qofa irratti manni murtii yaada dhagahuu qaba malee wantoota kallattiin ykn al-kallattiin’by necessary implication’ hin haalamne ykn irraa baqachuun haalaman ‘evasive denial’ kan jedhaman tilmaama seeraatiin akka amanamanitti fudhatamu waan ta’eef, bu’uura (SDFHH kwt.83,235(2)tiin murtii itti kennuu malee gaafa guyyaa dhagahaa duraa yaada irratti dhagahuun adeemsa sirrii miti kan jedhan ni jiru. Yaada kamtu dhama qabeessa jettu?

3. Guyyaa Dhagahaa duraa manni murtii wantoota al-kallattiin hin amanamne ykn hin haalamne bitaa fi mirga irraa mirkaneeffata kan jedhu wantoota akkamii akka ta’e tarreeffamaan ibsaa!
4. Guyyaa dhagahaa duraa mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu himatamaa yoo bira darbame mannii murtii ijoo dubbii qabatee falmisiisuun kan hin dirqamne ta’uu seerri ni ajaja. Kana jechuun bu’uura SDFHH kwt.242’tiin akka amanametti fudhatamee murtaa’a jechuudha moo maaltu yaadame? Himatamaan dhiyaatee falmuu yoo baate waanuma himataan gaafatetu murtaa’aaf moo himanni dhiyaate ragaan yoo mirkanaa’e murtaa’uu qaba jettu? Ijoon dubbii otoo hin qabamiin haalli ragaan itti dhagahamu ni jira

Mormii s/duraa kwt.244

- M/murtii dhagahaa duraa moo dhagahaa guutuutti darbuun duratti mormii s/duraa irratti bu'uura kwt.245'tiin murtii kennaa? Look @ z 2 version….of 241 1st phrases
- Akka w/A/ Ingiliffaatti manni murtii dhagahaa duraa gaggeessuun duratti MSD irratti murtii kennuu qabu ibsa. W/ Afaan Amaariffaa yoo ilaalle garuu dhagahaa guutuu ykn ragaa dhagahuun duratti MSD irratti murtiin kennama waan jedhuuf duraaf duuba sirriiti hin ibsu.

Gaaffilee Marii

1. Adeemsi dhagaha MSD dhagaha duraa keessatti ijoo dhimmichaa waliin al-tokkotti moo adda addatti taasifamuu qaba jettu? Kwt.244+245(1)?
2. Tarreeffamni sdfhh kwt.244 cufaa moo banaadha? Mormiiwwan kan biroo bu'uura sdfhh kwt.244'tiin dhiyaachuu danda'a jiru moo hin jiran? Fkf misjoinder of parties art.39(2) and cause of action(220),Ulaagaalee 229,222 fi 231,238 ilaalamuu qaban ilaalamuu hafanii akka mormii s/duraatti yoo dhiyaatan fudhatama qabumoo hinqaban?

Eenyu eenyuun irratti?

- Gama biraatiin, Garee falmitootaa keessaa MSD kaasuu kan danda'u eenyudhaa? kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Himataa/ttoota, himatamaa/oota, giddu lixaa moo makamaa garee 3ffaatu mormii sadarkaa duraa kaasuu danda'a?
- SDFHH kwt.234(1,c)+kwt.244+245(1)+dhimma 30ffaa lakk.108647irratti g/lixxuutu mormii darbiinsa yeroo dhiyeesse +jildii 22ffaa gal,135254(plaintiff's objection)

mainly it comes in to picture when parties are joined & exchanged their position in the suit as per art.39, 40, 41,358

Falmitoota Ijoo Dubbii Qaban (‘Parties at Issue’)

- Falmitoota ijoo dubbii falmisiisaa qaban ilaalchisee, ijoo dubbii erga qabamee booda falmii ykn ragaa dhagahaa duraa irratti dhiyaateen addatti ragaa biraa ajajuu fi falmii biraa gaggeessuun barbaachisaa kan hintaane ta’uu, haqni jaldhatus kan hinjirrre yoo ta’e manni murtii battalumatti murtii kennuu danda’a.SDFHH, kwt.255
- Dhimmoota gara mana murtii dhiyaatan hunda gara sirna dhagaha guutuutti dabarsuun qabeenya mana murtii qisaasessuun, abbootii dhimmaas dhamaatii hin taaneef saaxiluun duratti bu'uura SDFHH kwt.255tiin sadarkaa dhagaha duraa keessatti murtii akka argatu gochuun hoji-maata rakkoo gama kanaan jirus furuun barbaachisaa ta'a.a

- Fakkeenyaaf, SHH kwt.2472; waliigalteen liqii maallaqa qar.500 oli yoo ta'ee, barreeffamaan ta'uu akka qabuu fi kan mirkanaa'us barreeffama waliigaltichaatiin ykn kakuun yoo ta'e malee haala biraa kamiinuu mirkaneessuun kan hin danda'amne ta'uu isaa SHH kwt.2473(1,2)+881+897 irraa ni hubatama. Akkasumas, waliigaltee kennaa qabeenyaa hin sochoone SHH kwt.2443, kennaa dhaamoo SHH kwt.881-887 fi 897(2) walitti yoo dubbisne mirga waliigalticha irraa madde gaafachuuf ykn waliigalticha raawwachiifachuuf sanada waliigaltichaa malee ragaan gara biraa fudhatama akka hin qabne seerichi waan daangessuuf dhimmoota akkasii irratti gara dhagaha guutuutti darbuun barbaachisaa miti.
- Haata'u malee,dhimmoonni bu'uura SDFHH kwt.255tiin murtii argachuu qabanii fi dhimmoonni gara dhagaha guutuutti darbuu qaban dhimmoota akkamiiti? gaaffii jedhuuf deebiin ifa waan hin jirreef, yeroo baay'ee ogeessoota biratti garaagarummaan yaadaa ni mullata.Fakkeenyaaf

- Waliigalteewwaan barreeffamaan 'written form' qofaan taasifaman kanneen akka SHH kwt.1723-1725, kwt.1726 bu'uureffachuun falmiin dhiyaatu ilaalchisee; sadarkaa dhagaha duraatti sanada waliigaltichaa qofaan murtaa'uu qaba moo gara dhagaha guutuutti darbuun ragaan namaatiin mirkanaa'uu qaba? yaada jedhu irratti ogeessota gidduu garaagarummaan yaadaa ni jira.

- Ogeessonni tokko tokko, "sanadni waliigaltichaa ragaa namaatiin mallattaa'uun, akkasumas, sanadichi yoo bade ykn yoo hatame ragaa namaatiin mirkaneessuun ni danda'ama waan ta’eef (SHH kwt.1728, kwt.2003) akka bu'uuraatti ragaan namaa dhagahamuu qaba" jedhu.
- **Faallaa kanaa immoo, sanadni barreeffamaa ragaa gahaa fi amansiisaa akka ta’e "himni sanada barreeffamaa keessa jiru tokko jecha kakuu garee sanadicha mallatteesseetiin malee ragaa namaatiin ykn tilmaamaan fashalaa'uu akka hin dandeenye SHH kwt.2006 jalatti tumamee waan jiruuf, dhimmoota akkasii irratti ragaa barruu dhiyaate ilaaluun ykn jecha kakuutiin qofa murtii argachuu waan qabuuf gara dhagaha guutuutti ce'uun ragaa namaa dhagahuun barbaachisaa miti" jechuun ogeessonni falman ni jiru.**

Gaafilee Marii

1. *SHH kwt.2005tiin SHH kwt.2005(1) irratti waliigalteewwaan ulaagaa barreeffamaa gaafatan ilaalchisee, sanadni barreeffama waliigaltichaa ragaa amansiisaa fi gahaa akka ta'ee fi kakuun yoo ta'e malee, hima sanadichaa ykn mirgaa fi dirqama qabiyyee sanadichaa, ragaa namaatiin fashaleessuun akka hin danda'amne SHH kwt.2006 irratti tumamee jira. Dhimma falmii ijoo hima sanada waliigalee akkasii ilaalchisee dhiyaatu murteessuuf gara dhagaha guutuutti ce'uun ragaa dhagahuun barbaachisaa moo miti jettu? Maaliif? barbaachisa miti yoo jettan waliigalteewwaan foormaaliitii barreeffamaa gaafatan irratti ragaan namaa bu'uura SHH kwt.1727(2),1729, 1730 fi 2003 tiin caqafame yeroo akkamii dhagahamuu qaba jettuu?*

2. Walalmitoota gidduu waliigalteen jira moo hin jiru ijoo jedhu ilaalchisee, bu’uura SHH kwt.2005tiin ragaan namaa dhagahamuu qaba yaada jedhuu fi dhagahamuu hin qabu yaada jedhu ilaalchisee murtii DHIMMWF jildii 19ffaa lakk. galm.106535 irratti ragaa namaa falmitoonni lakkaawwaatan dhagahamuu qabu jechuun murteesse tumaalee SHH lakkoofsa 1ffaa armaan olii irratti heeraman waliin akkamitti ilaaltu?

4. Himataan waliigaltee bittaa fi gurgurtaa qabeenyaa hin sochoone bu’uura godhachuun waliigaltee kabachiisuuf himannaa himatamaa irratti hundeessee jira. Haata’u malee, waliigaltee jedhame himannaa waliin miiltessee hin dhiyeeffanne. Ragaa kana guyyaa gaafa dhagahaa duraa yoo dhiyeeffate akkam gootu? Ragaan kuni sababa jalaa hatamee boodarra argameef guyyaa dhagaha ragaatiif beellamametti dhiyeeffatee galmeen akka wal-qabatu yoo gaafate fudhatama qaba moo hin qabu jettu? Ragicha tarree ibsa ragaa keessatti caqasuuf caqasuu hafuun deebii keessan irratti garagarummaa fidu qaba jettuu? Maaliif? Tumaa SDFHH kwt.256 fi 137 waliin ilaalaa!

Falmii Dhagahuu Fi Ragaa Qorachuu

- Ragaaleen bu’uura SDFHH kwt.249’tiin dhiyaatanii fi kanneen bu’uura SDFHH kwt.137’tiin dhiyaatan murtii kennuudhaaf gahaa yoo hintaane
- Haqni miidhamu yoo jiraate
- Ragaa gara biraa ajajuun barbaachisaa yoo ta’e
- manni murtii itti fufee falmisiisuun ragaa dhagaha Sdfhh, kwt.256, kwt.257

Falmii Eegaluu Fi Bu’aa Isaa

- Akka qajeeltootti falmii banuun kan eegalu himataa irraa akka ta’e beekamaadha. FKn, Qabeenyaa gaa’ila keessaa tarreessuun jiraachuu isaa mirkaneessuu sdfhh kwt.258(1), jildii.9 gal. 44634, jildii 5 galmee lakk.l27697
- Haata’uu malee, dirqamni mirkaneessuu himataa irraa gara garee faallaatti yeroo naanna’u ykn ‘shift of burden of proof’ yoo jiraate falmii kan eegalu himatamaa ta’a sdfhh kwt.258,kwt.260. Kanumaan wal-qabatee sababoota dirqama ragaa dhaggeessifachuu naannessan akka armaan gadiitti haa ilaallu. ***Tilmaama Seeraa ‘Legal Presumption’,sdfhh kwt.89, shh kwt.1193 possessor of movable is presumed to z owner,*** Seera Maatii Oromiyaa Labsii Lakk.69/1995 fi 83/1996 kwt.79(1),DhiMMWF vol.1 gal.17068,14047,

- ***Himatamaan Firii dubbii himannaa keessa jiru amanuun, garuu firii dubbii ykn ijoo seeraa haaraa kaasuun kan mormu yoo ta'e. kwt.258,260+*** SHH, kwt.2066(2),2067(2),2086(2)+DhIM MWF Gal.114816
- ***Dirqamni mirkaneessuu=cause of action… DhIMMWF136775, vol.2 fl.16273, vol.6.27739, 38419***

Ragaa Dhaggeessifachuu Hafuu Fi Bu’aa Isaa

- KTAStiif yeroon beellamaa barbaachisu seeraan kan hin teenye yoo ta’e, manni murtii akkaataa qabatama dhimmichaatti yeroo kenname keessatti wanti barbaadame akka raawwatamu beellamuu danda’a. guyyaa dhagaha ragaa falmitoonni ragoota isaanii akka dhiyeeffatan ajajamanii sababa gahaatiin ragoota isaanii otoo hin dhiyeeffatin kan hafan yoo ta’e, manni murtii haala baasiif kisaaraa irratti ajaja malu kennuun, beellama ragaa dhiyeessuuf barbaachisu kennuu danda’a(SDFHH, kwt.194-196).
- Haata’u malee, Sababoota gahaa hin taaneen ykn hanqina abbootii dhimmaatiin ragaan otoo hin dhiyaatin yoo hafe, manni murtii ajajaan bira darbuun murtii itti

Gaaffii

- **Ulaagaan madaallii sababa gahaa maali? ulaagaalee sababa gahaa sdfhh kwt.71,74,78 jalatti caqafaman waliin tokkummaa qabu moo garaagara?**

- **SDFHH,kwt.197(4) fi 196(3) yoo ilaalle;-**
- **Abukaatoon falmitootaa dhiyaachuu hafeef, Beellama irraanfachuun ykn dogoggoruun may baay'ina hojii dhuunfaatiin bu'aa beellamaa ykn ragaa dhiyeessuu hafuun beellama haaraa kennisiisuuf sababa gahaa hin ta'u.**
- **Garuu, what if it is due to forcemajeure?**
- **due groos negligence? when he is in different? Dogoggorichaaf sababii amansiisaa yoo qabaate hoo?**
- ***Sababoonni kunis Mirgoota bu'uuraa kan dhabsiisan waan ta'eef,laaffisuun ykn 'liberally'otoo madaalaman gaarii ta'a.***

Gaaffilee Marii

- Gareen jalqaba ragaa dhaggeessifachuu qabu ragaa otoo hin dhiyeeffatin yoo hafe carraan muudachuu danda'u kanneen armaan gadii arfaniif manni murtii tarkaanfilee akkamii fudhachuu akka danda'u ibsi!

1. Dirqamni jalqaba ragaa dhaggeessifachuu kan himataa ta'ee, hanqina isaatiin ragaan himataa hafee, garuu kan himatamaa yoo dhiyaate.
2. Dirqamni jalqaba ragaa dhaggeessifachuu kan himatamaa ta'ee, hanqina isaatiin ragaan himatamaa hafee, garuu kan himataa yoo dhiyaate.
3. Dirqamni jalqaba ragaa dhaggeessifachuu kan himatamaa ta'ee, garuu hanqina jara lachuutiin ragaan himataa fi himatamaa yoo hin dhiyaanne.
4. Dirqamni jalqaba ragaa dhiyeeffachuu kan himataa ta'ee, garuu hanqina jara lachuutiin ragaan himataa fi himatamaa yoo hin dhiyaanne.
5. Dhimma hariiroo hawaasaa keessatti haalli itti ragaan himataa dhagahamee himannaa hin mirkaneessine jechuun ragaa ittisaa dhagahuun otoo hin barbaachisin himatamaan bilisa bahuu jira moo hin jiru? Akkamitti?

Dhimma 31ffaa

- MMO Tigraayitti himataan liqii qarshii 50,000 karaa baankii himatamaaf erge nagahee ittiin erge wal-qabsiisuun akka deebisuuf gaafate, himatamaan garuu qarshii duraan narraa liqeeffate naaf deebise jechuun deebise. MMO dirqamni mirkaneessuu kan eenyu? ijoo jedhu qabachuun himatamaan waliigalteen jirachuu fi maallaqa fudhachuu hin haalle, haata'u malee, duraan liqii himataarraa qabaachuu isaa himatamaan hin mirkaneessine jechuun sagalee Caalmaan itti murteesse. MMW Tigraay ni cimse. DhiMMWT garuu himataan waliigalteen liqii jiraachuu hin mirkaneessine jechuun murtii jalaa diige. DhIMMW immoo himataan ragaa barreeffamaatiin liqiin jiraachuu mirkaneessee jira, himatamaan garuu liqii irraa qabaachuu hin mirkaneessine jechuun sagalee caalmaatiin murtii DhIMMWT diigeera.

- yaadni addaan baatee; “bu’uura shh kwt.2472(1)’tiin liqii qar.500 oli ragaa barreeffamaa ykn kakuu mana murtii duratti taasifamuun qofaan mirkanaa’a.Waliigaltee tokko akka isaaf raawwatu gareen gaafatu dirqamni jedhame jiraachuuf dhiisuu mirkaneessuu ragaa dhiyeessuu fi hubachiisuu dirqama akka qabu SHH kwt.2000(1) irraa ni hubatama. Kana waan ta’eef himatamaan maallaqa jedhame himataadhaaf kaffaluuf dirqama hinqabu.

Gaaffilee Marii

1. Murtii sagalee caalmaa moo murtii yaada addaan baateetu dhama qabeessa jettu? Maalif?
2. Dhimma armaan olii keessatti ijoon dubbii sirrii kam ta’uu akka qabu tarreessuun ibsa itti laadhaa?
3. Akkaataa SDFHH kwt.258(1) fi 259(1)’tti himatamaan himannaa irratti dhiyaate amanee, garuu firii dubbii haaraa ykn falmii ijoo seeraa kaasuun itti gaafatamummaa hinqabu jedhee yoo waakkateen alatti dirqamni falmii eegaluu fi ragaan mirkaneeffachuu kan himataa akka ta’e ni ajaja. Dhimma armaan olii bu’uura tumaa kanaatiin yoo ilaalle guyyaa dhagahaa ragaa jalqaba falmii eegaluu fi ragaa dhaggeessifachuun ‘burden of proof’ dirqama himataati moo kan himatamaati jettu?
4. Akkaataa murtii sagalee caalmaa armaan oliitti himatamaan waliigaltee liqii jedhame bu’uura himannaa irratti dhiyaateetiin amanee jira jechuu nu dandeessisaa? Amane yoo ta’e ijoo amaname irratti bu’uura SDFHH kwt.242’n murtiin itti kennamuutu mala moo ragaa himataa xiinxaluu fkf nagahee mana Baankii caqasuutu mala jettu? Maaliif?

Dhimma 32ffaa

- Dhimma DH.IJ. MMWF galmee Lakk.123984 ta’erratti murtii argatee dha. Himataan himatamaadhaaf cheekii mallatteessee kennee, himatamaanis bu’uuruma kanaan maallaqa cheekiin ajaju mana baankii irraa baafateera. Sana booda “waliigaltee liqiitiin cheekii mallatteessee himatamaaf liqeesse himatamaan maallaqa liqeeffate akka naaf deebisu” jechuun himannaa ragaa cheekiitiin deeggaree dhiyeeffate. Himatamaanis, ajaja himataatiin maallaqa jedhame mana baankiitii baafachuu isaa amanee garuu immoo, “himataan maallaqa ani duraan irraa qabu naaf deebise malee waliigaltee liqii waliin hinqabnu” jechuun mormeeera. Dhaaddachi Ijibbaata Federaalaas, “cheekiin nama qabatee dhiyaateef maallaqni akka kaffalamu ajaja jedhu gofa malee ibsa

Gaaffii Marii

- Dhimma kanarratti Cheekiin ulaagaa waliigaltee liqii kwt.2472 hin guutu erga jedhame, dhimma 14ffaa armaan olii irratti waraqaan ajaja daddabarsa maallaqaa akka waan ulaagaa kwt.2472 guutetti fudhatamee dirqamni mirkaneessuu gara himatamaatti naanna’e murtii kenname wal-simata jettuu? Murtii isa kamtu sirriidha jettu?

Dhimma 33ffaa

- Hojjachiisaan seeraan waliigaltee hojii addaan kute jechuun kaffaltii adda addaa akka kaffaluuf himannaa dhiyeessee jira.Himatamaan immoo, waliigalteen hojii addaan cituu sirriidha, garuu sababii gahaa malee itti fufiinsaa hojii irraa waan hafeef, bu'uura labsii lakk.377/1996 kwt.27(1, b)'tiin addaan cite jechuun deebise. Guyyaa dhagaha ragaa himatamaan waan hafeef,MMSDF itti murteesseera.MMOF komii itti dhiyaate hin dhiyeessisu jedhe.DhIMMWF immoo, himatamaan firii himannaa irratti dhiyaate amanuun firii dubbii haaraa kaasuun falme waan ta'eef dirqamni mirkaneessuu itti naanna'a. Guyyaa ragaaf beellamametti hanqina isaatiin ragaa dhiyeeffachuu hafe waan ta'eef, mirgi isaa bira darbamuunis sirriidha jedheera.

Gaaffii Marii

- Akkuma murtii manneen murtii armaan olii keessatti eerametti dirqamni mirkaneessuu gara himatamaatti erga naanna’ee, himataan ragaa dhiyeessuu baatus sababa gahaa malee himatamaan ragaa dhiyeeffachuu hafeef bu’uura himannaa dhiyaateetiin akkaataa SDFHH kwt.199(1)’tiin himatamaatti murteessuu moo? Ragaa himataa erga dhagahan booda murteessuutu adeemsa sirriidha ta’a jettuu?

Dhimma 34ffaaDH.IJ. MMWF lakk.galmee 138479

- MMSJ F tti himatamtuun mi'a mana keessaa tilmaama qar.11,766.00 baasu qabatanii waan na dhowwataniif qabeenyicha gosaan ykn tilmaama isaa akka naaf kennan" jechuun gaafataniiru. Himatamtuun immoo deebii laataniitiin, "Qabeenyaan jedhame mana caqafame keessaa hin jiru" jechuun himanni dhiyaate kufaa akka ta'u gaafataniiru.
- Gaafa guyyaa beellamaa himataan ragaa dhiyeeffatanii waan hin dhaggeessifanneef mirgi isaanii kan bira darbame yoo ta'u, ragoonni himatamtuu garuu dhiyaatanii dhagahamuun akkaataa deebii himatamtuutiin mirkaneessanii jiru jedhameera. Sana booda abukaatoon himattuu guyyaa beellamametti, "beellama gara biraa qabadhee waanin tureef ragoonni himattuu dhiyaatanii nuf ha dhagahaman" jechuun kan gaafatan yoo ta'u

Gaaffilee Marii

1. Guyyaa dhagahaa ragaatti himataan jalqaba ragaa dhiyeeffatee dhaggeessifachuu dirqama otoo qabu beellamarraa yoo hafe himatamaa iffatti waakkatee otoo jiru akka ragaa dhageessifatu gochuun adeemsa sirriidha jettuu? Tumaa dirqsiisaa'shaall be provisions' seera deemsa falmii kwt.258, 259 tartiiba falmii eegaluu fi ragaa dhaggeessifachuu waliin wal-bira qabaatii ibsaa!
2. Akkaataa dhimma armaan oliitti guyyaa ragaa dhagahuuf beellamametti himataan hanqina isaatiin hafe, himatamaanis ragaa malee yoo dhiyaate manni murtii ajaja akkamii kennuu danda'a jettanii yaaddu? ragaa bitaa fi mirgaa bira darbuun murtii kennamoo? ajaja malu kan biraa (beellama biraa) kennuu moo? galmee cufee gaggeessuu qaba jettanii yaaddu?
3. Gaaffii armaan olii lakkoofsa 2ffaa irratti dhiyaateef tumaan SDFHH armaan gadii jechuunis SDFHH kwt.69,kwt.73,kwt.256,kwt.267 fi 199(1) keessaa kamtu rogummaa qaba jettanii yaaddu? sababa isaa ibsi!

BOQONNAA LAMA
Faloota Yeroof Kennaman (Provisional Remedies)

- Akaakuu Faloota Yeroo Biyya Keenyaa
  1. Qabama Murtiin Duraa (Arrest Before Judgment)
- kun wabummaa dhiyaachuu ‘security for appearance’ jedhama.
- Dhimma qabeenyaa socho’aa ilaallatu ta’ee himataan ykn qaxxaamura himataan iyyata kakuun ykn ragaan deeggarame yoo dhiyeeffate.
- Himatamaan dhimmi himataa akka lafarra harkifatu, haala kamiinuu hojiin kenniinsa murtii sirnaan akka hin raawwatamne gufachiisuu, haala kamiinuu ajajni kenname akka hin raawwatamne danquu, aangoo tooraa mana murtii keessaa bahuuf yaaluu,bagachuu,

- Himatamaan aangoo tooraa biyya Itiyoophiyaa keessaa bahuun himataan murtii akka hiinraawwachiifanne danquudhaaf ykn mala adda addaa uumuun ajajni akka hinraawwatamne ykn lafarra harkifatu yaalii taasisuu isaa MM yoo hubatee dha.

- Himatamaan ykn qaxxaamuraan himatamaan beellama kabajee kan dhiyaatu ta'uu isaa yoo hin hubachiifne, idaa barbaadameef kan wal-gitu wabummaa maallaqaa ykn wabummaa namaa dhiyeeffachuu qaba.
- Kanaaf eeyyamamaa yoo hintaane ajajni mana murtii hanga raawwatutti ykn dhimmichi murtii argatee **hanga raawwatutti** hanga ji’a ja’a hincaalleef to’annaa jala akka turu manni murtii ajajuu ni danda’a(sdfhh, kwt.150)?

Gaaffilee Marii

1. Qabeenyaa hin sochoone yoo ta’e, tumaan qabama murtiin duraa raawwatiinsa akka hinqabne ilaallee jirra, sababiin isaa maalinni jettanii yaaddu?
2. Dhimmi wabummaaf sababa ta’e hanga ji’a ja’atti murtiin kan hin arganne ykn himataadhaaf kan hin raawwanne yoo ta’e, kaayyoo qabiinsa murtii duraa armaan olii waliin wal-hinfaallessu jettanii yaadduu? Mirga himatamaa hoo hin miidhu jettuu? Furmaanni gara biraa maal ta’uu qaba jettu?

3) Galmeen haadhoo murtii akkuma argateen ajajni faloota yeroo kaafamuu qaba yaada jedhu waliigaltuu?
4) Himatamaan beellama kabajee akka dhiyaatu fi dhimmi falmiidhaaf sababa ta’e kan itti murtaa'u yoo ta'e hanga raawwatutti, bu'uura SDFHH kwt.148tiin qabeenyi wabummaaf qabame akkuma qabametti akka turu ykn himatamaan to'atamee akka turu(SDFHH kwt.150) ni ajaja.Kana jechuun dirqamni wabummaa galmee haadhoo irratti kenname booda galmee raawwii irrattis raawwatiinsa ni qabaata jechuudha?

2) Kabachiisa Murtiin Duraa ‘Attachement before Judgement’kwt.151

- Sadarkaa falmii kam irratti iyyuu yoo ta’e, himatamaan ykn qaxxaamuraan himatamaan, himata gufachiisuuf kan karoorfate ykn ajajni kenname akka hin raawwatamne danquudhaaf malataa kan jiru ta’uu iyyataan iyyata kakuun deeggarameetiin ykn haala biraatiin yoo hubachiise.
- Himatamaan qabeenyaa isaa guutummaa guutuutti ykn gar-tokkee maqsuudhaaf ykn balleessuudhaaf kan karoorfate ta’uu.
- Tilmaama qabeenya kabachiifamuu himataan yoo beeksise.
- Himatamaan qabeenyasaa guutummaa guutuutti ykn gar-tokkee isaa aangoo tooraa mana murtii himanni itti dhiyaate jalaa baasuudhaaf kan karoofate ta’uu manni murtii yoo hubate

- Himatamaan sababa wabii hin waamneef Mmtiitti dhiyaatee hubachiisuu yoo baate ykn maallaqa jedhame qabsiisuu yoo baate, qabeenyaa isaa tarraa'ee dhiyaate keessaa hanga itti murtaa'u waliin kan wal-gitu kabajamee akka turu ta'a.
- Haata'u malee, wabii gahaa, maallaqa baasiif kisaaraa qabeenyaa kabachiisuuf bahe waliin yoo qabsiise ykn himanni dhiyaate kufaa yoo ta'e hangi wabummaan qabame kan gadhiifamu ta'a.
- Dhuma irratti dhimmichi himataaf kan murtaa'e yoo ta'e, sababa raawwii murtichaatiif qabeenyaa kabachiisuuf iyyata haaraa dhiyeeffachuun otoo hin barbaachisin murtiin duratti qabeenyaan qabsiifame ykn dhorkame akkuma jirutti ta'ee raawwiin akka itti fufu gochuun ni danda'ama.(kwt.153(5)

- Bu'aa kabachiisa qabeenyaa murtiin duraa qaama 3ffaa irratti qabu ilaalchisee: - mirgi dursaa garee 3ffaa eegamaadha waan ta’eef mirga dursaa hin goonfachiisu jechuu dha.
  sdfhh (kwt.153(2)+art.403+vol.7 fl.no. 29269

3) Ajaja Dhorkaa

- Dhimma falmiirra jiru ta’uu qaba. Iyyanni dhiyaatu kakuun deeggaramee ykn haala biraatiin kan mirkanaa’e ta’uu qaba.
- Qabeenyaan falmiidhaaf sababa ta’e kan badu, kan mancaa’u, himatamaan dabarsee nama biraatiif kennudhaaf, gurguruudhaaf, murtii kan biraa sababeeffachuun qabeenyaa dabarsee kennuudhaaf kan karoorse ta’uun yoo beekame.
- Himatamaan faayidaa murtiin abbaa mirgaa miidhuuf jecha qabeenya balleessuudhaaf, nama biraatti dabarsuuf kan dhaaddate, kan yaade ta’uun yoo mirkanaa’e.
- Dirqamni biraa irra deddeebiin akka hincabne ykn waliigaltee diiguudhaaf tarkaanfiin fudhatame akka itti hin fufne, murtiin durattis ta’e murtiin booda waliigalteen diigamee

- Dhimma falmii waliigalteen alaa keessatti gaaffiin miidhaa qaqqabe bakkatti deebisuu ykn beenyaa wal-gitu kaffalchiisuu’restoration and equal compensation,kwt.2090 fi 2118) dhiyaatu akkuma jirutti ta’ee, SHH,kwt.2020,2121.Seera daldalaa labsii lakk.1243/013 kwt.115, Jalatti sababni gahaa yoo jiraatee fi badii qaqqabu beenyessuun kan hindanda’amne yoo ta’e himatamaan gocha himataa miidhuu akka hin raawwanne, kan raawwataa jiru yoo ta’e akka addaan dhaabu manni murtii ajaja dhorkaa dabarsuu danda’a.
- Ajajoonni kuni lamaan dhimma falmiif sababa ta’e irratti kana kennaman ta’uun isaaniitiin wal-fakkeenyummaa yoo qabataaniyyuu, sdfhh kwt.154 ajaja dhorkaa yeroon murtaa’ee(temporary injunction) yoo ta’u, SHH kwt.2121`ff garuu ajaja yeroo dhaabbataa(permanent injunction) ta’uu danda’a.
- Wal-fakkeenyummaa fi garaagarummaa ajaja faloota yeroo muujulii SDFHH LHI YG Fuula 68 irraa ilaali.

Dhimma 17ffaa.

DH.IJ. MMWF Galmee lakk.123833

- Dhimma falmii mana jireenyaa himataa fi himatamtoota gidduu ture irratti dhorkaa himataan gaafateen MMA Go/A/Adaamaa ajaja dhorkaa kenneera.Hata’u malee, Bulchiinsi Magaalaa ajajni dhorkaa akka irraa ka’u komii isaa MMOtti dhiyeeffatee MMOs ajajni dhorkaa MMA kenne akka hin raawwanne dhorkeera. MMWO Dha/Dha/Bahaa Bu/Magaalaa falmee keessa hinjiru jechuun ajaja mana murtii ol’aanaa kan diige yoo ta’u,DhIMMWO immoo Manneen Mootummaa Bulchuun aangoo Bu/Magaalaatti, qaamni 3ffaa falmii keessa hin turre bu’uura kwt.158tiin mormuu ni danda’a jechuun murtii MMWO Dha/Dha/Bahaa fi MMA A/Adaamaa kenne diiguun kan MMO G/A/Adaamaa cimsee jira. DhIMMWF immoo waamamaan falmii keessa hinjiru ykn bu’uura sdfhh kwt.158tiin adeemsa eeggatee komii hin dhiyeeffanne jechuun murtii MMWO Dha/Dh/Bahaa cimsuun kan MMO fi DhIMMWO diigee jira.

1. **Murtiiwwan armaan olitti kenname keessaa murtii mana murtii kamitu sirrii akka ta’e sababaan deeggaruun ibsa itti kennaa!**
2. **Ajajni dhorkaa kan kenname himatamaa irratti ta’ee, garuu qaamni falmii keessa hinjirre fi himatamaa waliin hariiroo homaayyuu hinqabne qabeenyaa kana yoo gurguree ajajni dhorkaan himatamaa irratti kenname qaama 3ffaa kana ni dirqisiisa jettanii yaadduu? Akkamiitti?see with z right in rem?**
3. **Ajajni dhorkaa ajaja faloota yerooti jenneerra, ajajoota fala yeroo ol iyyannoon irratti hingaafatamne SDFHH kwt.320(3) jalatti tarreeffamanii jiru. Gama biraatiin, mana murtii ajaja ykn murtii kenne ofumaa irra deebi’ee ilaaluu akka danda’u adeemsi aangessu yoo jiraate adeemsa jiru otoo hin fixatin ol iyyata irratti gaafachuun akka hindanda’amne kwt.320(2) ni ajaja. Kana yoo ta’e, dhimmi ajaja dhorkaa kwt.320(2) moo 320(3) jala kufa jettu?**

Dhimma Marii 18ffaa

- Falmii qabeenyaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa gidduu ture irratti haati manaa dhorkaa gaafattee MMA ajaja dhorkaa kennee jira.Haata’u malee qaamni 3ffaan bitaa fi mirgi gaa’ila keessa otoo jiranuu idaa liqii isaan jiru naaf kaffaluu waan hin dandeenyeef mana gamoo falmiif sababa ta’e duraan gahee qixxee waliinii kan ture gahee isaanii naaf dhiisanii dhuunfadheen jira waan ta’eef, dhorkaa akka irraa ka’u jechuun mormee dhiyaate.MMAs bitaa fi mirgi sababa idaatiin gahee gamoo keessaa qaban qaama 3ffaa kanaaf dabarsanii kennanii jiru,qabeenyaa dhuunfaa komataa ta’uun mirkanaa’eera jechuun ajaja dhorkaa kaasee jira.Himattuun ajaja dhorkaa kaafame mormuun ol iyyatanii jiru.MMO immoo ajaja fala yerooti waan ta’eef ol iyyanni hin danda’amu jechuun kufaa godhee jira.

Gaaffilee Marii

1. Mana Murtii jalaa ajaja dhorkaa kenne kaasuun isaa sirriidha jettuu? Sababoota manni murtii caqase bu’uura SDFHH kwt.39,40,41tiin nama dantaa isaa kabachiisuuf seenu waliin tokkummaa fi garaagarummaa qabu wal-bira qabuun yaada keessan ibsaa!
2. Manni murtii ol’aanaa ‘ajaja yeroof kennamee dha waan ta’eef, dhimma ol iyyannoon ilaalamu miti” jechuun iyyata ol iyyattuu kufaa gochuun sirriidha jettuu? Maalif? iyyata qaamni 3ffaan dhiyeeffate bu'uura godhachuun bu’uura SDFHH kwt.158tiin ajajni kennamu irratti ol iyyata gaafachuun ni danda'ama moo hin danda'amu? SDFHH kwt.320 waliin akkamitti madaaltu?
3. Falmii diiggaa gaa’ilaa faana iyyanni dhorkaa dhiyaatu fudhatamummaa qaba jettuu? Smo kwt.121+sdfhh 154
4. Bu'uura dambii iyyummaatiin iyyannoo banachuuf iyyata dhiyaate kufaa gochuu moo eeyyamuutu ajaja fala yeroo ta'a jettuu?

3. mormii sadarkaa duraatiin himata kufaa ta'e tokko irratti ol iyyanni gaafatamee manni murtii ol iyyannoon ilaale murtii manni murtii jalaa mormii sadarkaa duraa irratti kenne diiguun bu'uura sdfhh kwt.341'n yoo gad-deebise, murtii mormii sadarkaa duraa irratti gareen komii qabu battalumatti ol iyyata gaafata moo dhimma qabxiin gad-deebi'e irratti murtiin dhumaa hanga kennamutti eeggachuu qaba jettu?
4. eeggachuu qaba kan jettan yoo ta'e, dhimma mormii sadarkaa duraa irratti guyyaa murtiin kenname irraa kaasee daangaan yeroo ol iyyannoo yoo darbe hoo furmaanni maal ta'a jettu?
5. Dhimma mormii sadarkaa duraa duraan galmee biraa irratti ol iyyannoon ilaalame irratti mana murtii waliigalaatti komii otoo hin dhiyeeffatin callisuun, dhimma ijoo qabxiin gad-deebi'ee 2ffaa aangoo ol iyyannootiin galmee biraa irratti ilaalamee murtaa'e, murtii galmeewwan adda addaa irratti murtaa'an walitti qabuun al-tokkotti ol iyyachuun adeemsa sirriidha jettuu?

6. DHIMMWF Jildii 23ffaa L.G.119851-ta'e irratti dhimmi tokko bu'uura sdfhh kwt.343tiin qabxiin gad-deebi'ee ijoo dhimmichaa irratti murtiin erga itti kennamee booda komii ol iyyannoo dhiyaatu irratti qabxii mormii sadarkaa duraa dhimmichaan wal-qabatee duraan murtii argate itti dabaluun dhaaddacha ijibbaataatti komii dhiyeeffachuun akka danda'amu fi murtiin bu'uura sdfhh kwt.343tiin kennamu akka ajaja fala yerootti ilaalamuu akka qabu murtii sagalee caalmaatiin kennee jira.Murtichi gaaffii armaan olii lakkoofsa 3ffaa irratti


Horaa
Bulaa!
Bayeen si jaaladha